Namni qullubbii ykn shunkurtii nyaate, nurraa haa fagaatu, masjiida keenya irraayis haa fagaatu, mana isaa keessatti haa hafu

Jaabir bin Abdullaah irraa odeeffame -Rabbiin isaan lamaan irraa haa jaallatu, Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- akkana jedhan: «Namni qullubbii ykn shunkurtii nyaate, nurraa haa fagaatu, masjiida keenya irraayis haa fagaatu, mana isaa keessatti haa hafu», Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- meeshaa kuduraalee foosooliyaa of keessaa qabuun dhufamee, hafuurri itti dhahee, gaafatanii foosooliyaan akka keessa jiru itti himame, Sahaabota isaanii keessaa nama wahii kan isaanin waliin ture itti ishee dhiheessaa jedhan, inni yeroma ishee arge ishee nyaachuu jibbe, ni jedhaniin: «Nyaadhu, ani nama ati wajjiin maqoo hin qabneen wajjiinin maqoo qabaa». Muslimiin akka gabaasetti ammoo, Jaabir bin Abdullaah, irraa odeeffamee Nabiyyiin akkana jedhan: «Namni baala qullubbii kana irraa nyaate, yeroo tokko ammoo akkas jedhan: Namni shunkurtii, qullubbii fi alaangallee nyaate masjiida keenyatti hin dhiyaatin, Malaa'ikonni waan ilmaan Aadam irraa miidhamaniin waan miidhamaniif jecha».

[sirrii] [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- obboleeyyan isaa salaata jamaa'aa irratti hirmaatan hafuura isaaniitiin akka azaa hin goonef jecha, nama qullubbii ykn shunkurtii nyaate gara masjiidaa akka hin dhufne dhorgan. Kunis isaan nyaachuu irraa osoo hin taane nyaatanii gara masjiidaa dhufuu dhoorgani; sababni isaas isaan lamaan nyaatolee eeyyamamoo ta'an irraa waan ta'aniif jecha, Nabiyyii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- dhugumatti meeshaa kuduraalee of keessaa qabu, itti fidamee, yeroo hafuura wahii isa keessatti arganii, wanni isa keessa jiru itti himame nyaachuu irraa didanii, akka irraa nyaatuf gara tokkoo sahaabota isaanii ishee dhiheessinaan, innis isaanitti hidhachuuf nyaachuu dide, isaan -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- yeroo isa argan akkana jedhaniin: nyaadhu, ani wahyiinin malaa'ikoota waliin maqoo qabaa. Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- akkuma namoonni waan hafuura badaa irraa azaa ta'an, malaa'ikonnis akka azaa ta'an himan.

http://sunnah.global/hadeeth/om/show/4850